qaanqee@hotmail.com
Lakk. 17 Adoolessa, bara 2004

Qaanqee Bosonaa tii fii Qabsaa'onni Bilisummaa Oromoo, karaa warraaqxummaa fi walabummaa saba baldhaa dhisanii xurree jilbiiffattummaa fi ayyaanlaallattummaa tiif of hin gabaasaan!
Nyaqarsaan abjuu somba abbaa abjootee nyaatee fixa malee qabsaa'otaa fi ummata Oromoo hin gaalatu!

SEENSA

Haala xaxamaa addunyaatii fi impaayerri Toophiyaa amma keessa jiran keessatti, ummanni Oromoo walaba bawuu ka dandawu jaarmaya hidda-qabeessa hoggana gara-kuteessaan masakamu yoo qabaata qofa. Ardhallee akkuma kaleessaa, qabsoon bilisummaa Oromiyaa hoggana jaarmaya lubbu-qabeessaa argatuu hin dandeenne. Gaaffii jaarmaya sona-qabeessaa ilaalchisee Qaanqeen Bosonaa xiinxallaa adda addaa wayta heddu irra deddeebi'ee dhiyeessee jira. Dhaabaa fi hogganni ABO kan ummanni Oromoo "qoricha na fayyisu, humna bilisa na baasu!" jedhee abdataa ture qoricha dhibdee ummata Oromoo fayyisu yookaan humna gabrummaa buqqisee bilisummaa dhaleessu ta'uun isaa hafee gufuu qabsoo Oromoo tayee argame. Hogganni bara as aanaa kana aangoo ABO irratti waljijjiiraa jiru qabsoo bilisummaa Oromiyaa tiif godhamu kolaasee gara duula aangoo maa'elootaatiif (factions) godhamutti garagalchuun isaa ummata Oromoo jalaa hiccitii miti.

ABOn irree-gaachana qabsoo farra-gabrummaa ta'uun isaa hafee yaroo ammaa jireenni isaatuu gaaffii diimaa jala seeneera. Dhukkubni bara dheeraa dhaaba kana keessatti kulkulaa ture mala'ee dhaba kana maa'ela masaanuu lamatti fottoy'suun isaa waan haalamuu miti. Ololli sagaleewwan maa'eloota lamaaniitiin deemaa jiru kan diina Oromoo dhiisee wal irratti fuulleffate waan tayeef daran hamilee ummata keennaa laamshesseera; qabsoo-llee kara irraa maqseera. Hogganni ABO waadaa fi irbuu kaleessa ummata Oromoo tiif seene irra ejjatee: kaayoo, heeraa fi seera, naamusa bilisa-baaftotaa cabsee jira. Keessattuu shirri maa'ela maqaa "Shanee Gumii" tiin waamau qabsoo bilisummaa Oromiyaa irratti xaxaa turee fi jiru daangaa hin qabu. "Imaammata ajandaa nagaya ABO" jechuun qaanyii tokko malee kaayoo walabummaa Oromiyaa ifatti haqe. Ol'aantummaa heeraa fi seera ABO cabsee seer-maleessummaan murtii kora sabaa malee aangoo qabate; kora sabaa waamuu didee seeraan alatti aangoo dhaabaa irratti cichee uf tursiisuu aadaa godhate. Aangoo seer-maleessummaan qabate kanatti gargaaramee gurmuu ummata Oromoo, tokkummaa qabsaa'otaa fi WBO diiguu irra gattaa'e. "Haalli addunyaa qabsoo bilisummaa tiif aanjawaa miti!" jechuun hamilee qabsaa'otaa buusuu fi farrisuu itti fufe. Hennama amma tanallee murni kun qabeenna ummanni Oromoo bilisummaa jecha itti gumaachuun gargaaramee maadhewwanii fi dabballoota farriftuu biyya keessaa fi alatti ijaarataa jeruuf jechu of-qusata tokko alatti saaxilanii qullaa dhaabuun dirqama barri fide taya. Barreeffamni armaa gadiitis kanuma irratti akeekkate.

Dhibdeen qabsoo bilisummaa Oromoo keessaan laamshessaa fi alanshaa ture waggaa afuraffa ardhaa kulkulee dhooye. Gartuulee fi maqooleen qabsoo walabummaa saba afoolessuuf keessatti golgatanii, akeeka dhoksaa qabatanii ayyaana mijuu eeggataa turanis ofumaan of saaxil baasan. Qabsoo Bilisummaa Oromoo fonqolchuuf haalli riphanii eeggataa turan waan guutameef itti fakkaatee kunoo

ganna afurii ardhaa ajandaan kaayoo Adda Bilisummaa Oromoo ifaan haqe (qaanyi tokko malee) labsan. Kayyoo ummanni Oromoo akka gumaa ijaatti eegaa, wareegamaafii ture hordaa tooftaa diina keessatiin buruqsuun jalqabame.

Akkuma yaadatamu, kiyyoo ”ajandaa nagaya ABO” jedhuun xaxameen falamiin jijjiirraa hundeef godhamu (kan sirna kiyyoo gabrummaa warraaqsa walabummaa sabaa tiin buqqisuudhaa) dhiifamee akkaataa sirni kun itti suphamu abjootuun eegalame. ”Biyya walabaa keessatti ummata bilisaan mootummaa dimokiraatawaa fi birmaduu Oromiyaa ijaaruu” kaayyoon jedhu dhiifamee bakka isaa akkaataan birookiraasii sirna kolonii Habashaa keessatti aangoon itti argamu dunquqqaawuun itti fufe. Ajandaa kanaan gaafiin kayyoo, tooftaa, tarsimoo fi bifti mootummaan walabaan ittin ijaaramu walitti laaqamee, mataa fi miilli isaa walaalamee; kaayyoon xaliilli dura ture booraye.

Murni kun akka ajandaa kana irratti of ibsetti waan qabatu dhabee, dhimma tokko ciniinee kan biraa gadi dhiisee, amma waan kaayyoo dubbataa,ammuma waan dubbate diiga. Ammuma mirga dimokiraasii kallachaa (referendum) gaafataa, ammuma mirga kana waggaa shaniif baallama; dhuma irrattis gaaffii bilisummaa fi abbaa-biyyummaa Oromoo dhiisee akkaataa mootummaan jiguuf reeqisu kun humna poolisaa, caasaa bulchiinsaa, hirmaannaa aangoo itti fooyyeffatu jeekkara.

Ajandaan kun, bobbooressitummaa fi kayyo-dhablummaa murna kanaa duwwaa odoo hintayin kan calaqqisiisu murni kun hangam ilaalcha calcallii, yaada gubbaarree, sirri roora’ee qabatee akka deemu agarsiise. Hennaa kana irraa jalqabe murni kun dandeetti ummata Oromoo itti hogganu, dambooba warraqxummaa, hamilee oo’aa, qulqullummaa fi bilchinna yaada akka hin qabne ragaa baye. Yaroo kana irraa eegalee qabsaa’oonni Oromootii fi Qaanqeen Bosonaa kan kayyoo Bilisummaa ummata Oromo olitti ajandaa dhoksaa hinqabne, rakkoo keessaan qabsoo Oromoo sakaalee qabe hundee irraa kaasanii qorachuun furmaata waaraa wajjiin ummataa fi qabsaa’ootaaf ifa baasuu jalqaban.(Qaanqeen Bosonaa dhibdeen kun eessa irraa ka’ee eessa akka ga’e lakk.1 irratti baldhinnaan waan babbayiseef irra deebitanii akka laaltan isin afeera).

Murni Shanee Gumii jedhee of-moggaase maqaa ajandaa nagayaa tiin kayyoo Bilisummaa Oromoo haquu duwwaa irratti hin eggitamne. Karaa jilbiiffatummaa fi xurree ayyaana-laallatummaa kan ajandaa nagayaa tiin saaqame itti fufee heerraa fi seera ABO fonqolche. Akkuma kaayyo ABO-tiin masakamuu dide, heeraa fi seera ABO jalatti buluu dide. Kaayoo ABO, heeraa fi seera, waraanaa fi gurmuu ummata Oromoo diiguuf kan isa dandeessisu murna aangoo ittiin koruu fi maa’ela seer-maleetti ejjaaratuu irra gadi taa’e. Dhibdee bolola aangoo tiin qabame, qaamoota ABO kan akka kora sabaa, Gummii sabaa, qaamoota waaltaa fi miseensotaa dhaabaa ukkaamsuu hujii dhaabbataa godhate. Qabsaa’oota injifatamummaa ummata Oromoo xiiqeffatanii fayyaalummaan qeeqa ijaaraa dhiyeessan ”aangoo narraa butatan” jedhee sodaatuun diinomfate. Shira murni eblaawaan kun guduumfeen manguddooleen, qabsaa’ootni gita hinqabne, qondaalonni waraanaa danuun, dabballoonni bilchaatoo fi biifleen seeraan alatti dhaaba keessaa darbaman; Kanneen biraa ni dhabamsiifaman; kan kanarraa hafan olola maqaa-yakkii (character assassination) irratti deemsisuun hamilee qabsoof bobaye diilalleessan. Miseensoota gameeyyii fi qabsaa’oota qarruu jiigsuudhaan caasaa biyya keessaatii fi alaa keessaatti namoota dhalootaan, sabummaa fi yaadaan diina Oromoo tayan ijaaruu dhaan ABO odoo jiru ajjeessan.

Olee haa bulu malee hireen karaa dharaa eeggatu kufaatii waan tayeef, murni Shanee Gumii akkuma ABO kuffise ofilleef kufuuf jaanjawuu fi daandillaawuu jalqabe. Tooftaan dharaa hojjatuufii dide. Ummanni Oromoo akka kaleessaatti sobamuu ”hin kooyye” jedhe. Diinaa fi fira isaa qulqulleefatee addaan baafate. Karaan diigamaa ti fi xurreen shiraa ummata Oromoo gara bilisummaatti akka hin geessine ifa baye. Lammiiwwanii fi qabsaa’onni Oromoo kan haala fokkataa hogganni farra-guddinnaa kun keessatti dhidhime rogaan hubatuun, of irraa fi wali irratti abdii horachuun bakka jiranitti of ijaaruu fi waliif tumsuu itti belbelchan. Dabballootaa fi lukkeeleen ummata Oromoo gowwoomsanii horii funaanuuf ganda irra luffisan ”abbaa kanaa” nama isaaniin jedhu dhaban. Kabajaa fi jaalalli kaleessa ummanni Oromoo isaaniif qabu coongifamee jibbaa hadhaawutti geeddarame. Kufaa tii fi cubbuun murna dharaa ilaallatti jallaqqise. Karaa ardha shiraan daanfan boru irra deebi’uun dadhabame. Murni kun ammallee odoo abdii bolola aangoo hin kutin tooftaa jijjiirate marsaa lammataaf ummata fi qabsaa’ota Oromoo cubbuu ofii hojjateen faaluu eegale.

Waanni nama raaju kan biraa murni kun farda alaagabaraan kophaa isaa xurree dharaan mucucaattu irraa gulufee kufnaan ”ebalu faatuu na kuffise” jedhee iyyuu jalqabuu isaati. Baatii Fulbaanaa bara 2003 gaafii fi deebii gaazexeessaa Urjii tiin goghame irratti aangawaan Shanee yaaka murni isaa qabsoo Oromoo irratti hojjataa ture qabsaa’ota qulqullutti dabarfachuuf tataafatee ture. Akka dheengitoota fi hammachiiftota isaanii Habashootaa, qabsaa’ota hoggana murna isaa didan ”ynaqarsaa gandummaa tiin” abbaaruu itti fufe. Akkuma kaleessa gabroofattoonni Itoopiyaa qabsoo walabummaa sabaa ”dhippummaan” moggaasaa turan, ardhas dabareen murna kana gayee jaarmayoota mirga namoomaatiif fi gargarsaaf hawaasni Oromoo biyya alaa keessatti ijaaratu masaanuu siyaasaa godhatanii SBO-n abaaruu hujjii dhaabbataa taasifatan. Deebii aangawaan kun kenne keessaa jechoota gabaaboo fakkeennaaf: ”...Oromoon alatti baqatee baye dhukkuba ilaalchaa, yaadaa fi yaaddawuu adda addaan qabamee jira” jedha. Maqaa yakkuu hawaasa Oromoo biyya alaa itti fufuun aangawichi, sochi walabaa kan baqataan Oromoo godhu ynaqarsaa gandummaa tiin walitti bikka. ”Ijji qaroon dura bootti” jedha Oromoon yoo mammaaku. Akkuma san aagawichii fi gartuun isaallee dura imimmaan naachaa coccophsuu dhaan nu gowwoosuu barbaadan. Ofumaa mataa isaanitiif nyaqaarsa siyaasaa gandummaa dagaagsanii ardhaa heenna balaan kun isaanitti garagalee isaan ynaatuu jalqabu, gandumma irraa qulqulluu tawuu isaanii mirkaneessuuf of qayyisuu jalqaban. Ummanni Oromoo tii fi Qaanqeen Bosonaa uumaa dharaa ka isaan itti of-golgan tolchee waan beekaniif, ”kan isin hinbeekneef of qayyisaa!” jedhan. Qaanqeen Bosonaa ammallee irra deebi’ee kan murna kanaaf addeessuu barbaadu ” rakkoon gandummaatii fi nyaqarsaan gosummaa murna keessaanii fi siyaasaa Habashoota keessa malee ummata Oromoo keessa hinjiru hirmii tufaa!” kan jedhu taha.

Taphini kukulluu siyaasaa qalaxaa, kan murna kanaan daafuru, duduba tokko irraa gara duduba biraatti tarkaanfate malee ardhallee hafuurri isaa hicitne. Shirri kayyo bilisummaa Oromiyaa qolomata dhawuun karaa banate heeraa fi seera ABO buqqisuun itti fufee tooftaa abaarsa ”ynaqarsaa gosummaa” keessa deebi’ee karaa warra abbaa araaraati olfuta’e. Achirraan labaallabee karaa abbaa harka keennadhaa fi abbaa of gabaasaatti isaan geesse. Boru ammoo murni kuni ”hunduma keessanuu harkaa fi miila walitti hidhe gara mootummaa Wayyaanetti isin darba” jechuun isaa ka hin hafne fakkaata

Murni Shanee bolola aangoo tiin dhibamee, maraanmartoo siyaasaatiin qabee, ofillee jaanjawee, ummata Oromoo-llee afaanfaajjessuu irraa ardhas of hin qusanne. Bakka kufee ciisuttis

munyuuqataatuma, yakka yakka irraan, dogoggora dogoggora irraan, danuu danuu irraan dabalaa tokkummaa qabsaawotaa booreesaa jira. Yakka hojjate akka yakkaatitti, dogoggora hojjate akka dogoggoraatitti, danuu isaa akka danuutitti amanee, ummata Oromootii fi qabsaa'ota Oromoo dhiifama gaafatee, sirnaan hojjatuu fi hogganuu dadhabuu isaatis beekee, yaroo qabsoo abbaa dhimmaatti dabarsee kennuun isarra turetti, kunoo ardhas dheebuu aangoo tiif qirimmixuu filate.

Badii, dogoggoraa fi danuun guddichi Shanee, qabsoo bilisummaa Oromoo tiif godhamu gara sadarkaa lammataa-tti gadi buusee dorgommii aangoo murnaa tiif godhamu moosisuu isaa ti. . Sababii kana irraa kan ka'ee kaayyoo bilisummaa Oromoo gaaffii diimaa irra keessise; heeraa fi seera ABO fonqolchee; diiggaa hoggana keessa-tti dhalate babbaldhsiee miseensa ABO facaase; WBO laamshese; tokkummaa ummata Oromoo daariqeessee daadarkaase.

Akkasumas karaa biraatiin, imaammanni jaarmayoota Oromoo walabaa ilaalchisee murni kun tarkaanfachisaa turtee ammas itti jiru, facaasaa fi diigaa dha. Aanagootni isaanii martinuu, akka waan ummanni Oromoo isaan callaa dhalee maseenee fakkeessaniiti jarmayoota Oromoo walaba tayanii dhalatan akka hin guddanne irratti duuluu kaayyoo taasifatan. Irratti ololan, shira irratti xaxan, dantaa ummata Oromoo akka ooruu hallanyaa fi qabeenna dhuumfaatti laalan. Akka isaanii-tti, isaanii fi murna isaanii malee kan ummata Oromoo tiif dhimmu, du'u, hojjatu hin jiru. Maqaa ummata Oromoo tiin imaammata ol'aantummaa jaarmaya tokkichaa (totalitarianism) oofan. Akkaataa kanaan, jarmayoonni ilaalcha walabaa qaban akka hin dhalanne, yoo dhalatanille akka hinguddanne godhan.

Fakkeennaaf, haalli qabatamaan ammaan tana ULFO guddinna dorgellee shiruma murna kanaa ti. Jaarmayaa fi qabsaa'onni walaba tahanii ajaja Shanee alatti socho'an hundinuu akka farra-Oromoo-tti lakkaawamanii dhabamsiisuuf qabsaawuun aadaa siyaasaa hogganootaa tahe.

Akka hayyoonni qoraamalaa (psychologists) jedhanitti, amalli masaanummaa tii fii jibbaa dhiibdee sodaachisaa siyaasaa (paranoia) irraa madda. Dhibdeen kun, akka firaa fi diina ofiillee addaan baaftanii hin ilaallee nama jaamsa. Kannaaf, qondaaltota Shanee-tti, Oromoon hundumtuu akka waan aangoof isaan-itti hinaafee isaan balleessuuf yaadu itti fakkaata. Nama biraa dhiisii miseensotuma dhaaba isaaniituu hin amanan. Jarreenuma akka afuuffaa qilleensi dhisee-tti sammuun isaanii ololaan guutamee maraammartoo siyaasaa tiin jaanjawan malee, miseensota bilchina qaban sababii adda addaa uumanii facaasan; kanneen waardiyootaa fi dabballoota isaanii tiin dhaaba keessaa ari'amaniin ammoo, "dhaaba keessaa ala of godhan" jedhanii odeessanii odeessisiisan. Kun martinuu yakka irratti yakka biraa dabaluu dha.

Yakki guddaan hogganootni Shanee dhaa ummata fi qabsaa'ota ittiin lafaan maran, gaafii Kora Sabaa ti. Uumaa fi amalli garee kanaa, gaafii kanaafi akka inni deebii quubsaa kennu hin ayyamuuf. Korri haqaa deemuun isaaf du'a. Du'a kana diddaaf gareen Shanee qabsoo ummata Oromoo-tti taphataa jira. Sababaa gara garaa dhiheeffatuu dhaan, bara baraan umrii dheereffatee horii funaanata. Waayee xiinxallaa Kora Sabaa ilaalchisee bali'nnaan, Qaanqee Bosonaa lakk.3 (Hagayya bara 2001) ilaaluun gayaa dha. Ardhallee gaafiin kun daran belbele malee hin qabbanoofne. Akkuma gaafas jentne san, Korri Sabaa kan hogganumma Shanee jalatti waamamu yoo sonsumaa jijjiiruu taye malee jijjiirraa hundee hin fidu. Seera Korri Sabaa ittiin teessifamu kan tumu, kan koree qopheessituu moggaasu, kan

jiloota waamuu fi waamsisu hordoftootuma murna kanaaf harka-tuman yoo taye jiiirraan tokkollee hin dhufu. Seeruma addunyaa irratillee namumti tokko abbaa seeraa, abukkaattoo himataa fi maganfataa tayee haalli mirga dhala namoomaa itti kabajamu hin jiru. Jiraateellee hin beekkamu. Kanaafuu, haal dureen Koraa walabaa, koreen walabni kana qopheessuu yoo uumamee ummanni Oromoo dhimma isaa irratti murfeeffate qofa. Kanaa alatti, akkuma waadaan waggaa afuran darban seename bara baraan diigamaa ture caararreessutti, horii ummanni Oromoo of agabee dhaabaa guuruu biyya alaatii fi biyya keessatillee maqaa koraa tiin ittiin funaanatuu yoo tahe malee ammaa achi faaydaan walgahii kanneen irraa argamu imunaa hin jiru.

Seenaa fi aadaa Oromoo keesssatti, heeraa fi seeraan alatti aangoo saba baldhaa sarbuu caalaa yakki hammaatu hin jiru. Qabsaa'otaa fi ummanni Oromoo abdii irra kaaye dagatuu dhaan, murni Shanee sabaa hojjatuu dhiisee irratti hojjate. Hiree kennameefitti gargaaramuu dadhabee, Oromoo salphinna daangaa hin qabne keessa galche. Amaanaa fi galcha jognoonni bilisummaaf jecha wareegaman isatti keennan karatti nyaatee sagaagalummaa siyaasaa irratti bobba'e. Qawwee ummanni Oromoo akka diina isaa tiin irraa ittiin lolan isa hidhachiise, gara ilmaan isaa kan bilisummaaf dhama'anitti garagalchee dirree adda adda keessatti yaroo garagaraatti dhiiga qabsaa'ota Oromoo dhangalaase. Dhigni qulqulluun bara 2003 keessa dirree Kibba Oromiyaa keessatti jigee boolla keessaa iyyaa jiru jecha kanaaf fakkeenna guddaa taha.

Galaa waraana bilisummaa Oromoo saamee, WBO hoggana malee hambisee, rara isaa xaxatee, firoota isaa guurtee, qabsaa'otaa fi qotee bulaa Oromoo rasaasa diina jalatti gatee gareen Asmaraa baqate kun, yakkamee haga tufamu-tti biyyaa fi alattillee tokkummaan sabboontotaa ititaa hin jiru. Kanumaaf ummanni Oromoo, salphinnaa fi kufaatii bara baraan murni kun itti fidu harka maratee taa'ee obsaa ittiin eeguu fixatee jira.

Hoggana jara kanaa jalatti, qabsoon bilisummaa Oromoo gara duraatti tarkaanfachuun hafee fugguu gara duubatti deemte. Ijaaramuun hafee diigamni hafaafane. Walii tumsuun hafee wal irratti duuluun babbaldhate. Jaalalti jibbatti geedaramte. Guyya guyyaan laafuu malee jabaachuun dhabame. Bara bilisa silaa meeshaalee hammayyaa tiin loluun dandayamu-tti, WBO-n dhagaa tokkollee darbachuu doorgame. Akka Shaneen jedhutti, dhuguma ummanni Oromoo dadhamaa tahee tii miti. Kan dadhabee fi jilbiifateef hoggana lubbuu qabu kan kaayoo ofii irratti cich dhabee ti. Akkuma nu martinee yaadannu, dirree dhiyaa tii fi bayaa keessa kan lolee nu injifate Waraana Wayyaanee duwwaa miti. Irra caalaan isaa miliishaa qaamaan Oromoo taye (OPO) kan Wayyaaneen leenjifte. Rakkoo fi laafinsi jettan sun ummata Oromoo keessa akka hinjirre fakeenni kun ragaa gudaadha. Kan osoo qabnu keessaa dhabne, kan osoo humna qabnu injifatamne, hoggana sirnaa dhabuu keenna malee ajaa'ibni biraa hinjiru jedhee amana Qaanqeen Bosonaa.

Walumaa galatti, murni Shanee madda rakkooti malee qoricha dhibdee Oromoo fayisuu miti. Qaama nu hogganee bilisummaa ummanni Oromoo dheebotuuf saniti nu geessuu miti. Falli jiru, tooftaa garagaraa jijiratanii mimmiliquu dhiisanii, dhimma ummata Oromoo abbaa dhimmichaatti keennuu duwwaadha. Kana irra dabranii yoo ardhalle akkuma aadaa isaanii nu gowoomsuu barbaadan, nuu fi ummanni Oromoo lle isinitti beekkannee jirraa hirmii baafadhaa jennaan.

Furmanni jiru: beellama Kora Sabaa kan bara baraan murni Shanee miseensota ittiin gowwoomsu eeguu dhiisanii, qabsaa'onni, hayyoonni, sabboontonni Oromoo bakka jiranitti Qabsoo Bilisummaa Oromiyaa irratti marii ilaalcha siyaasaa (political ideological debate) kan wal irraa hincitne gochuu dhaan, humna tokko uumatanii akka qabsoo kufaatii irraa, ummata ammoo salphina irraa oolchan waamicha dhiheessina.

Korri Sabaa kan dhugaa tokkummaa irree qabsaa'ota Oromiyaa tiin taa'a!
Ummanni Oromoo kiyyoo gabrummaa cabsee bilisooma!

Gurmuu Qaanqee Bosonaa